# HEPATITIS B DHAF QORANNOO GODHUU QABDUU?



Hepatitis B vaayirasii tiruu miidhuu fi kaansarii tiruu fiduu kan danda'uudha.

Namoonni baay'een miirri dhukkubbii waan isaanitti hin dhagamneef ykn waan dhukkubsatan waan isaanitti hin fakkaanneef akka qabaman hin beekan, garuu vaayirasicha gara namoota birootti dabarsuu danda'u.

Talaalliin hepatitis B ittisuu kan danda'u yommuu ta'u balaa hin qabnee fi bu'a qabeessa ta'e ni jira.

## Hepatitis B karaa armaan gadiitin tatamsa'uu danda'a:

- Dubartiin ulfa taate yommuu deessu gara daa'imaatti
- Tuttuqqii wal-qunnamtii saalaa
- Dhiiga nama qabamee tuttuquu
- Haadduu, qulqullessituu ilkaanii ykn muraa qeensaa waliif qooduu

## Hepatitis B karaa armaan gadiitin tatamsa'uu HIN danda'u:

- Nyaataa fi meeshaalee nyaataa waliif qooduu
- Wal hammachuu, dhungachuu ykn harkaa qabuu

# EENYUTU QORATAMUU QABA?

- Namoota ulfa ta'an
- Namoota nama hepatitis B qabu tokko wajjiin jiraatan
- Namoota iddoowwan hepatitis B caalatti itti baramaa ta'an keessatti dhalatan, kan akka Afrikaa ykn Eeshiyaa ykn kan maatiiwwan isaanii iddoowwan kanneen keessatti dhalatan
- Namoota sababoota bal'aa murtaa'aa qaban

**Odeeffannoo dabalataf:**

**www.cdc.gov/hepatitis/hbv/**
**doh.wa.gov/hepbhub**

Hep B Hub
doh.wa.gov/hepbhub

Washington State Department of Health
DOH 420-408 May 2022 Oromo

Galmee kana bifa biraan gaafachuudhaf, 1-800-525-0127 irratti bilbilaa. Maammiltoot-ni dhaga'uu irratti rakkoo qabdan yookiin dhaga'u hin dandeenye, maaloo 711 (Washington Relay) irratti bilbilaa yookiin civil.rights@doh.wa.gov irratti imeelii ergaa.

Eeyyama Minnesota Department of Health (Qajeelcha Fayyaa Mineesotaa) wajjiin akka wal simatu kan taasifame